

# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 01/05/2014

Date: \_\_\_\_\_ تاریخ \_\_\_\_\_

Lakk.: 03/stm - abo/2014

No.: \_\_\_\_\_ رقم \_\_\_\_\_

رقم

## Humna Waraanaan Hiriira Nagaa Ukkaamsuun Itti Fufa Gochaa Mootummaa Wayyaane Wagga 22 TI

Hacuccaa fi saaminsi sirnoota abbootii irree sirnoota darabeen Itophiyaa bitan bifa adda addaan gaggeeffamu ummatoota Itophiyaa adddatti ammoo ummata Oromoo irraan miidhaan dhaqqabsiise sadarkaa hin obsamne dhaqqabuu irraa ummatni Oromoo gaaffii mirgaa fi dimokraasii kaasuudhaan waggoota dheeraaf qabsootti jira. Qabsoon ummatni Oromoo sirna bittootaa irratti adeemsisaa turee fi jiru kunis har'a sadarkaa ol aanaatti tarkaanfatee guutuu Oromiyaa keessatti gara fincila ummataatti jijjiiramee argama.

Haa tahu malee mootummootni Itophiyaa gaaffii ummatni Oromoo karaa nagaa dhiheeffatu dhaga'anii furmaata itti gochuu irra humnaan ukkaamsuu kan filatan tahuun dhugaa irra deddeebi'ee mul'ate dha. Qabsoo haqaa ummatni Oromoo itti jiruuf deebisa barbaachisu keenuu irra "farra nagaa, farra misoomaa, shororkeessota fi kkf jechuun jumulaan ajjeesuu, hidhuu, tumuu fi biyyaa baqachiisuun tarkaanfilee mootummootni Itophiyaa fudhataa turanii fi jirani dha.

Yeroo ammaa kana barattoonii fi dargaggootni Oromoo akkasumas ummtni Oromiyaa guutuu keessatti gaaffii mirgaa kaasuun hiriira nagaa adeemsisaa jiran keessatti deebiin argataa jiran akkuma adeeffatame gaaffii barattootaa ofitti fudhatuun deebii kennuu irra haala sukanneessan ajjeechaa, reebicha fi hidhaa tahaa jira. Tarkaanfii ajaja hogganoota sirna Wayyaaneen humna waraanaa amanamaa sирничаан ilmaanii fi ummata Oromoo irratti fudhatamaa jiruun lammiiwan Oromoo kan ijoolleen umrii 10ni gadii keessatti argaman Amboo, Madda Walaabuu fi bakkoota birootti kudhanootaan ajjeefamanii jiran. Amboo fi University Haromaya keessatti boombiilee dargaggotaa fi ummata harka qullaa irratu dhoosun garaa jabinaan lubbuun dhabamsiifamaa jira. Hedduun mana hidhaatti gatamaniiru. Jaarsaa fi jaartii, guddaa fi xiqaas osoo hin jenne reebichi ummata Oromoo bakkayyuutti irra gahaa jiru sukanneessaa dha. Tarkaanfii fudhatamaa jiru kunis itti fufa ajjeechaa barattoota Oromoo gaaffii mirgaa kaasuu irraa Ambo, Dambi Doolloo, Naqamte, Geedoo, Horroo Guduruu, Baalee, Ciroo fi Oromiyaan alattis Tigray Maqalee fi Gojjam keessatti ajjeefamaa fi jumulaan manneen barnootaa keessaa ari'amaa turanii ti. ABOn gaaffii haqaa ummatni kaasaa jiruuf deebii gahaa kennuu irra tarkaanfii sukanneessaa mootummaa Wayyaaneen fudhatamaa kan jiru jabeessee balaaleffata. Tarkaanfii gara jabinaa humna addaa waraanaa, poolisa Federaalaa fi hidhatootaan fudhatamaa jiru kana ajajuu fi raawwachiisuu keessatti kanneen qooda qaban, Muummichi Ministaraa sирничаа, ajajaan humna waraanaa fi gaafatamaan tikaan